QAJEELCHA HAGUUGGII DA'IMMAN UMRII 12 GADII

Jiraattonni guutudhaan talaallii fudhatan qajeelcha CDC fi Isteeta Waashingtan irratti hundayudhaan bakkeewwan mana keessaa fi manaa alaa baay'etti haguuggiiwwan huffachuu hin gaafataman. Amma jiraattonni King Kaawuntii umurii 16 fi ol ta'an 70% talaalliiwwan fudhataman xumuuranii waan guutudhaan talaallii fudhataniif qajeelcha haguuggii King Kaawuntii kaase. Sadarkaa Kanaan talaallii fudhachuun milka'ina ajaa'ibaati. Yeroodhuma tokkotti, ijoolleen umrii 12 gadii ammatti talaallii fudhachuu hin danda'an. Kun jechaan King Kaawuntii keessa dhukkubbii COVID-19 irraa kan hin tiksamin daa'imman 300,000 olitu jira.

Haguuggiiwwan ammallee karaa barbaachisaa daa'imman ittiin tiksaniidha. Wanna daa'imman talaallii hin fudhanne vaayirasii namoota biraatti dabarsuu danda'aniif, haguuggii uffachuun namoota biraas ni tiksa. Tika hawaasaa kanaaf walirratti hirkachuu itti fufna. Namoonni gaay'een hunduu haguuggiiwwan mana baruumssaa fi bakkeewwan kunuusa daa'imaniitti uffachuu qabu, dabalataan bakkee hawaasaa biraatti, bakkeewwan mana keessaa yeroo daa'imman lakkoofsota guddaan aragamitti uffachuu yaaduu qabu.

Warreen, kunuusitoonni, fi maatiwwaniif karaawwan nageenya daa'imman umurii 12 gadii eeguu itti fufuu danda'an isaan kana.

TALALLII COVID-19 TIIF ULAAGAA YOO GUUTTAN TALAALLII FUDHADHAA

AMALA HAGUUGGII UFFACHUUF FAKII TA'UU ITTI FUFAA.

Otuma atiif miseensonni maatii gariin guutudhaan talaallii fudhataniillee yeroo waliin alatti baatan, daa'imman keessaniif deeggarsa agarsiisuu ni dandeessu.

AMMALLEE WAAN BARBAACHISAA TA'EEF IBSAA.

Daa'imman xixiqoo yeroo ijoollen guguddoon fi namoonni gaay'een isaan bira jiran haguuggii uffachuuf dirqama hin qabaanne maalif ammallee haguuggiiwwan uffachuu waan akka qaban bitaa galuu danda'a. Hanga talaalliin nama hundaafuu qaqqabutti haguuggii fuulaa koowwachuun akka nageenyi fayyaa isaanii akka itti fufu kan taasisuu ta'uu isaa caalaan hiruufiin barbaachisaadha.

GOSA WARRAQI FI HAALAWWAN IRRATTI HUNDAA'UN AMMA RAKINAA GAMAAGAMAA.

Namni martuu obsi rakkinaaf qabu addadda.Warreen daa'imman umrii 12 gadii waliin jiran, balaawwan hawaasatti dabarsuu fi dhiibbawwan hirmaannaa idoowwan manneen keessa taatanii, namoota talaallii hin fudhanne wajjinii ykn namoota mana keessanii alaa fi carraan ta'uuf dandeettii fageenya hawaassummaa fi haala itti fufiinsa qabuun haguuggii fayyadamuu tilmaama keessa galchuu qabu.

YEROO DANDA'AMETTI MANAA ALA FILADHAA

Balaan COVID-19 dadabasrsuu keessa irra alatti xiqaadha.

KAROORA MAATII QOPHEESSAA.

Maatin keessan fi daa'imman xixiqoon tuuta namoota haguuggii hin uffatin wajjin yeroo baay'ee ennaa dabarsan, sassaabbii ykn bakkeewwan addaddaatif karoora qabaachun daa'imman maal akka irraa eegamu akka beekan gargaara.

- Xiinxala balaa fi seenaa fayyaa maatii dhiyoo fi fagoo wajjin irratti hundaa'un sadarkoota mijaa'inaa ifatti mari'adhaa.
- Ijjannoo qabaadhaa akka ijoolleen haalota addaddati maal akka irraa eegamu akka beekanii fi adeemsa bu'uurefame keessatti caalan waliin akka hojjatanu.
- Fakkeenyaaf, karoorri keessan kan dhaabuu/ijaaruu danda'u:
  - Manneen keessatti miseensota maatii talaallii fudhatan wajjin haguuggiiwwan uffachuu hin barbaachisu, garuu ijoolleen fi namoonni gaay'een yeroo dukkaana waantota nyaata kkf deeman haguuggii ni uffatu.
  - Guyyoota hiriyyota wajjin manaa alatti xabattan haguuggii uffachuu hin barbaachisu, garuu iddoo namni baay'atutti, dirreewwan xabaa hawaasaa fi guyyoota xabaa mana keessaatti ammallee haguuggii uffachuun ni barbaachisa.
  - Namoota xiqaa, tuuta hiriyoota filatamanni, daa'imman talaallii hin fudhatin dabalatee (yeroo baay'ee akka pod ti kan yaadaman) biratti mannee keessatti ykn manaa alatti haguuggiiwwan uffachuu hinbarbaachisu.

Odeeffannoo dabalataatif ilaalaa:

KINGCOUNTY.GOV/VACCINE/YOUTH

Public Health
Seattle & King County